MIRKANII

SAFE HOMES FAMILIES COMMUNITIES

# Namoota gajahumsa (jeequmsatti) dhimma bahaniif gargaarsaa fi tumsa

*Australia keessatti gajahumsi (jeequmsi) maatii fi saalummaa bifa kamiin iyyuu obsi hin kennamuuf. Yoo manatti tahe illee gajahumsi maatii fi dhaaninsi saalummaa yakka.*

Australia keessatti dhalattes tahe yoo biyya kan biraa irraa gara Australia dhufte tahes jireenya gajahumsa (jeequmsa) hin qabne jiraachuuf mirga ni qabda.

Seerri Australia keessatti dhalaa fi dhiirsa wal qixa ilala. Namni hundi hariiroo sarmaa (positive) fi nagaa qabaachuuf mirga ni qabu.

## Gajaumsa (jeequmsa) maatii

Gajahumsi (jeequmsi) maatii yakka. Abbaan warraa yookaan jaalalloon kee si gajahuun (jeequun) seeraa cabsuu dha

Gajaumsi (jeequmsi) maatii, amaloota jeequmsaa kan akka reebicha, dhaaninsa saalummaa (sexual assault), sodaachisa, dirqisiisuu, tuffii, arrabsoo, dhoksuu (abduction), hordoffii yookaan yookaan kanneen kana raawwachuuf yaaluu.

Gajaumsi (jeequmsi) maatii miidhaa qaamaa malees kara dinagdee, qalbii (yaadaa), seera jeequmsa maatii ittisu cabsuu fi qabeenyaa miidhuu dabala.

Fakkeenyaaf gajahumsi (jeequmsi) maatii of keessaa qabu:

- Haadha warraa yookaan jaalalloo kee sodaachisuu, mirga isaan Australia keessa turuu qaban sodaachisuu dabalee,
- isaan butuu (cimsanii) qabuu, rukutuu, hudhuu, dhiituu yookaan kabaluu
- mi'a itti dabruu
- waan isaan ilaaluu danda'anii fi godhchuu qaban itti himuu
- qunnamtii saalaa godhchuuf dirquu
- hiriyootaa fi maatii irraa adda baasuu
- maallaqa yookaan horii dhorkachuu (akka hin arganne) godhchuu

## Gajahumsa (jeequmsa) saalummaa (Sexual violence)

Gajahumsi (jeequmsi) saalummaa kan of keessaa qabu, amaloota qunnamtii saalaa hin barbaachisnee, tole-hin jedhin, gidirsaa fi miidhaa qaamaa geessisu raawwachuu, kunis mankaraarsuu, qaama saalfii harkaan qabuu, dirqisiisuu fi dhaaniinsa saalummaa gudeduu dabalee ti. Gajahumsi (jeequmsi) saalummaa yakka.

## Tumsa, gargaarsaa fi odeeffannoo argachuu

Jaalalloo fi maatii kee biratti nagaa tahuuf jijjiirama si barbaachisu fiduuf gargaarsii fi tumsi si gargaaru ni jira.

Yoo nama ati beektu amala gajahumsaa (jeequmsaa) qabaachuu irraa yaaddoo qabaatte tajaajilli kan odeeffannoo, gargaarsaa fi deggersa kennuuf ni jira.

## Tajaajila Gargaarsaa

Tajaajila gargaarsaa qunnamuuf afaan hiikaa yoo fedhte Tajaajila Afaan Hiikaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service (TIS) 131 450 bilbili.

Bilbilli hundi tola. Hicitiin isaas eegamaa dha.

**SARDAMA KEESSATTI YEROO HUNDA 000 BILBILI**

Tajaajila Qajeelcha Dhiirotaa
**1300 766 491** *Sa'aa 24 jira*
Gorsa toora bilbilaa irraan, fuulaa fi fuulaan waliin dubbachu, odeeffannoo fi qajeelcha gara tajaajila naannootti. Namootni bilbilan maqaan isaanii hin saaxilamu.
www.ntv.org.au

Sagantaa Tarsimoo Haaraa Qabaa Dhiirotaa
**1300 364 277**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa,*
*9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
Sagantaan kun dhiirota jaalalloo isaanii miidhaniif Waliin jireenya Australia Tasmania (Relationships Australia Tasmania) jedhuun kennama.

Walqixxoma Saalaa
**(03) 6278 9090**
*Wixata (Monday) hanga Jimaataa,*
*9gn (sa'aa 9 ganamaa) – 5 gl (sa'aa 5 galgalaa)*
Tajaajilli gorsaa fi deggersaa dubartoota gajahumsa (jeequmsa) dhimma itti bahan dabalee.
www.engenderequality.org.au

Sararaa Bilbila Dhiirotaa Australia
**1300 789 978** *Sa'aa 24 jira*
Dhiirota yaaddoo waliin jireenyaa fi fayyummaa qalbii qabaniif gorsa bilbilaa fi toora sararaa interneetaan kennamu argachuuf www.mensline.org.au laali.

Gajahumsi (jeequmsi) maatii fi saalummaa gonkumaa TOLE hin jedhamu.

Yoo ati yookaan namni ati beektu gajahumsa (jeequmsa) maatii irraa miidhaan irra geessisame Toora Dabarsaa fi Dhaqabaa Nageenya Jeequmsa Qe'ee keessaa (Safe at Home Family Violence Response and Referral Line) 1800 633 937 irratti itti bilbili.

Yoo ati yookaan nama ati beektu miidhaan gajahumsa (jeequmsa) saalummaa irra geessisame Toora Goolama Dhaaninsa Saalummaa Godinaa Guutuu (Statewide Sexual Assault Crisis Line) **1800 697 877** irratti bilbili. Sardama keessatti yeroo hunda **000** bilbili.

## Odeeffannoo caaluuf

Dubartootaa fi dhiirota gara Australia dhufan gargaaruuf odeeffannoo caaluuf, seera gajahumsa (jeequmsa) maatii waan ilaalu dabalee afaanota 46 **www.dss.gov.au/ family-safety-pack** ni jira.